

OM

# Mallattowwan qubaa Fi Yuuroodaakii

**Odeeffannoo bu’uura keewwata 29 (3) dambii (EU) Lakk. 603/2013 lammiilee biyya sadaffaatiif namoota biyyoota hin qabne kan seeran ala biyya miseensaa keessaa jiraataniin**

Biyyaa Dublin kessatti seeraan ala jiraachaa kan jirtu yoo taate[1], abbootiin taayitaa mallattoowwan qubaa keessan fudhachuun gara 'Yuroodaaki' tti daataabeezii mallattoo qubaatti erguu ni danda'u. Kaayyoon kanaa kanaan dura maxxantumaadhaaf iyyachuu keessan mirkaneessuuf qofadha. Odeeffannoon mallattoo qubaa keessan daataabeezsii Yuuroodaakii keessatti yoo hin kuufamne garuu kanaan dura biyya biroo keessatti koolugaltummaaf yoo iyyattan gara biyya sanaatti deebi'uu ni dandeessu.

Mallattoon qubaa kee qulqullina yoo hin qabaanne, wantoota biroo keessaa quba keessaan beekaa akka miidhamu yoo gootan mallattoon qubaa irra deddeebiin ni fudhatama.

Yuuroodaakiin ejansii gamtaa Awurooppaa eu-LISA jedhamuu kan hojjetuudha. Odeffannoon kee kaayyoowwan seeran ibsaman qofaaf faayidaa irra ooluu danda'u. Odeeffannoo kee kan fudhatu sistama giddu gala Yuuroodaakii qofadha. Gara fuulduraatti biyya Dublin kan biroo keessatti iyyata koolugaltummaa yoo galfatte, mallattoowwan qubaa kees gara Yuuroodaakitti ergamuuf fudhatamuu qabu. Odeeffannoon Yuuroodaaki keessatti kuufaman biyyoota yookan dhaabbilee biroo kanneen miseensa biyyoota Dublin hin taane waliin wal hin jijjiiramu.

1) **Kan ilaallatu Gamtaa Awuroopapa hunda (Awustiraaliyaa, Beeljiyeem, Bulgaariyaa, Kirooshiyaa, Kaappiraas, Riippaabiliika Cheek, Denmaarki, Istooniya, Fiinlaandi, Faransaayi, Jaarman, Giriikii, Hangaaarii, Ayerlaandi, Xaaliyaanii, Laatiiviyaa, Liituwaaniyaa, Luuzambargii, Maaltaa, Neezerlaandis, Poolaandii, Poorchugaal, Roomaaniyaa, Isloovaakiyaa, Islooveeniyaa, Ispeen, Siwiidin, Mootumaa Gamtooman) fi kanneen biroo biyyoota arfan 'Deeggartoota' dambii Dublin ta'an (Noorweeyi, Ayislaandi, Siwiizarlaandifi Leestanisteenii).**

**©Gamtaa Awurooppaa 2014**
**Walhormaanni eeyyamamaadha. Eeyyamni suuraa namoota dhuunfaa itti fayyadamuu yookan baay'isuu abbootii kooppiiraayitii irraa kallattumaan fudhatamu.**



## Ibsawwan wal qunnamtii

**Teesoo fi ibsawwan Abbaa taayitaa godaanaa**
Bundesamt für Migration und Flüchtlinge (BAMF)
Frankenstraße 210
90461 Nürnberg
Bilbila.: +49 (0)911 943 0
Faaksii: +49 (0)911 943 10000
Imeelii: service@bamf.bund.de

**Teesoo fi ibsawwan qoraaa Yuuroodaakii**
Bundeskriminalamt (BKA)
65173 Wiesbaden
Bilbila.: +49 (0)611 55 0
Faaksii: +49 (0)611 55 12141
www.bka.de

**Abbaan taayitaa kee biyya biroo keessatti akka ati iyyata koolugaltummaaf iyyattetti yoo shakkee fi iyyannoo sana qorachuuf itti gaafatamummaa kan qabu biyya biroo sana ta'uu danda'a jedhee yoo yaade haala adeemsa itti fufee jiruutiif akkasumas akkaataa itti inni si'ii fi mirgoota kee miidhu odeeffannoo caalatti ifa ta'e siif ergu.**

